Guyyaa Mudde, 30, Bara 2013.

**Bulchiinsa Mootummaa Naannoo Oromiyaaf/BMNOf/.**

**Finfinnee**

**Dhimmi isaa: - Faarfannaa waggaa dhibbaffaa Miniliik Oromoo fi Oromiyaa Irratti gaggeeffamuuf deemu ittisuuf.**

*Nuti kanneen maqaa fi mallattoon keenya armaan gaditti eerame dhimma atattamaa kana bakkaan ga'uuf bakka buutota dhaabbilee barnoota ol'aanoo irraa koree ariifachiisaa ta'uun muudamnee jirra.*

**Iyyannoon Kun ariifachiisaa ta'uu irra darbee qaama dhimmi isaa ilaallatu hundaan furmaata yeroo hin kennine kan barbaadu ta'uu isaa dursnee jabinaan hubachiisuu barbaanna.**

Dhimmi harma muraa ayyolee Oromoo fi harka muraa abbootii Oromoo namticha mootii ofiin jedhu Miniliiki 2ffaan gochi gara jabinaa Oromoota irratti gaggeeffamaa ture seenaa yeroo dhiyoo fi Oromoota biratti yoomuu kan hin dagatamne ta'uu isaa duubatti deebinee seenaa wal barsiisuu otoo hin ta'iin wal yaadachiisuu qofti ga'aa fakkaata. kun ammoo kan akka Oromoottiis ta'ee akka namaatti boqonnaa nama hin kennine ta'uu isaa namni akka namaatti yaadu hubachuu dhiba jennee hin amannu.

Egaa dabni yeroo dheeraaf gaggeeffamaa ture kun akkanaan otoo jiruu har'a Oromoota biratti waan dagatamee fi dhokate fakkeessuun namoonni hawwii bulchiinsa namticha kanaa qabaniifii gochaa isaa kanaaf deeggarsaa fi gammachuu qaban har'a kabaja ykn faarfannaa waggaa dhibbaffaa mootii Miniliik jechuun Oromoo fi Oromiyaa irra naanna'uun maqaa Konsertiin ispoonsarummaa waarshaa biiraa baddalleen wal ta'uun gochaa nama kanaa faarfachuuf qophii xumaranii akka jiran kan eenyuu jalaa iyyuu hin dhokannee fi ifatti hubatamaa jiru dha. Kun immoo uummata miidhama isaa kana seenaaf jedhee qabatee obsaan taa'e kana madaa isaa yeroo irratti gammachuun faarfatan callisee obsaan dhaggeeffata jedhanii yaaduun ykn eeguun gara laafina irra tuffii ta'uu hunda keenya jalaa waan dhokatu hin fakkaatu. Tarii gochaan maal dhibdiin ykn maaltu dhufaan gaggeeffamuuf jiru kun mootummaa ykn sirni biyya bulchaa jiru addatti mootummaan naannoo Oromiyaa akkamiin irraa callisee ilaala? Kan jedhu gaaffii uummata Oromoo ta'uus, gochaan kun uummata Oromoo saboota kaan waliin kabajaa fi obsaan jiraachaa jiru seenaa badaa kana yeroo irratti faarfamu of irraa